# Bishaan isaa qulqulluudha, du'aan isaas halaala

Abuu Hureyraa irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu ni jedhe: Namichi tokko Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhee gaafate: Yaa Ergamaa Rabbii, nuti galaana irra deemna, bishaan xiqqoo of harkatti qabanna, yoo ittiin wuduu’a raawwanne ni dheebonna, bishaan galaanatiin wuduu’a godhachuu ni dandeenyaa? Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Bishaan isaa qulqulluudha, du'aan isaas halaala».
[sirrii]

Namichi tokko Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhee gaafate: nuti qurxummii qabuuf ykn daldalaa fi kan kana fakkaataniif galaana irratti doonii yaabbanna, bishaan dhugaatii xiqqoo of biratti qabannee deemna yoo wudu'aa fi dhiqannaaf bishaan dhugaatii fayyadamne ni dhumata waan dhugnus hin qabnu. bishaan galaanaatiin wuduu’a gochuun nuuf mi hayyamamaa? Isaanis, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, waa'ee bishaan galaanaa akkas jedhan: Bishaan isaa qulqulluu fi qulqulleessaadha; Wuduu’a godhachuu fi ittiin dhiqachuun ni danda’ama, waan galaana keessaa bahu kan akka qurxummii fi kkf osoo hin qabamin du’ee argamee gubbaa bishaanii isaa irratti ol bahee yoo argamellee nyaachuun ni danda’ama.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/8355

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee